Maallaqa Gargaarsa Hojiiwwan Xixiqqaa ‘Hennepin County’

Gargaarsa hojii xixiqqaa kan hojiiwwan deebisanii cufuu torban arfan darbaniitiin miidhaan irra ga’ee, tatamsa’ina COVID-19 xiqqeessuuf, isaan kana dabalatee:

- Manneen nyaataa, manneen dhugaatii, akkasumas manneen tajaajila nyaataa kennan biroo
- Galmawwan sochii qaamaa, taateewwanii, akkasumas bashannanaa

Lakkoofsi namoota COVID-19n qabamanii guutummaa kutaa biyyaa Minnesota keessatti saffisaan dabalaa deemuun isaa faffaca’iinsa vaayirasichaa xiqqeessuuf, manneen nyaataa, manneen dhugaatii, akkasumas manneen tajaajila nyaataa kennan biroo irra Ajajawwan hojii-raawwachiistuu 20-96 fi 20-99 tiin qoqqobbii kaa’uu, akkasumas torban afuriif jiimiiwwan, manneen sochii qaamaa fi wiirtuuwwan bashannana mana keessaa fi taateewwanii, akkasumas galmawwan bashannanaa Ajaja hojii-raawwachiistuu 20-99 tiin cufuu dabalatee, tarkaanfiiwwan fayyaa uummataa haarawa fudhachuu barbaachiseera.

Tarkaanfiiwwan kunniin hunda keenya fayyaatti eeguuf akka barbaachisan, garuu immoo hojiiwwan weerara kanarraa kan ka’e durumaanuu wal’aansoo qabaa jiranitti rakkoo dabalataa akka uuman ‘Hennepin County’n ni hubata.

Dhiibbaa diinagdee qoqqobbiiwwan kanniinii salphisuuf, Boordiin Koomishinarootaa ‘Hennepin County’ fandiiwwan ‘CARES Act’n gaafa Kibxataa, Sadaasa 17, manneen nyaataa, manneen dhugaatii, akkasumas manneen tajaajila nyaataa kennan biroo deeggaruuf doolaara miliyoona 8 ramadee jira.

Dabalataan, doolaarri fandiiwwan ‘CARES Act’ keessaa tilmaamaan miliyoona 5 ta’u, kan Gargaarsa Maallaqaa Hojii Xixiqqaa marsaawwan duraanii irraa hafe, jiminaaziyemota, manneen sochii qaamaa, akkasumas galmawwan bashannana mana keessaa, taateewwanii fi bashannanaa biroo deeggaruuf lafa jira.

- Hojiiwwan daldalaa kanaan dura fandiiwwan Gargaarsa Hojiiwwan Xixiqqaa ‘Hennepin County’ irraa hinfudhatin deeggarsa doolaara 15,000 argachuuf iyyachuu danda’u.
- Hojiiwwan daldalaa kanaan dura fandiiwwan Gargaarsa Hojiiwwan Xixiqqaa ‘Hennepin County’ irraa fudhatanii jiran ammoo kennaa maallaqa dabalataa doolaara 10,000 tiif iyyachuu danda’u.

Qajeelfamoonni kunniin guyyaan dhumaa osoo hinga'in jijjiiramuu malu. Iyyata galfachuu keessaniin dura irra deebi'aa ilaalaa maaloo.

Iyyata

- Unkaan iyyannoo toora intarneetiirraa fuula marsariitii kanaa irratti gaafa Wiixataa, Sadaasa 23 ni maxxanfama.
- Iyyannoowwan hundi gaafa Kibxataa, Muddee 1 waareetti galfamuu qabu.

Baasiiwwan hayyamamoo

Hojiiwwan daldalaa 'Hennepin County' ulaagaa guutan gargaarsa maallaqaa baasiiwwan armaan gadiitiif iyyata galfachuu malu:

- Kiraa daldalaa/kaffaltiiwwan qabeenyaa liqaan bitamanii
- Tajaajilootaa fi baasiiwwan kaffaltii dhaabbataa irratti hingalmeeffamin biroo
- Kaffaltiiwwan dhiyeessaa
- Meeshaa ittisaa dhuunfaa
- Baasiiwwan qajeelfama fayyaa uummataa guutuuf kaffalaman (https://staysafe.mn.gov)
- Baasiiwwan COVID-19n walqabatan biroo

Hojiiwwan daldalaa ulaagaa guutan

Manneen nyaataa, manneen dhugaatii, akkasumas manneen tajaajila nyaataa kennan, kan abbaa qabeenyaa nama naannichaa ta'anii fi bu'aaf hojjetan, hojjettoota 100 fi isaa gadi qaban, akkasumas galiin isaanii waggaa doolaara miliyoona 6 gadi kan ta'e, kanneen Ajaja Hojii-raawwannaa Yeroo Hatattamaa Minnesota 20-96 Sadaasa 11, 2020 ba'ee fi/ykn Ajaja Hojii-raawwannaa 20-99 Sadaasa 18, 2020 ba'een miidhaan isaanirra ga'e:

> **Manneen nyaataa/tajaajila nyaataa kennan -** Dhimmoota iyyannoo kanaatiif, manneen nyaataa tajaajila guutuu fi murtaawaa kennan, kaaffeewwan, manneen nyaataa ofiin of tajaajilanii fi buffeewwan, kanneen qophii hawaasummaa irratti nyaata dhiyeessan, manneen dhugaatii, dukkaana doonatii, dukkaana daabboo geengoo (baagelii), akkasumas manneen bixxillee gogduu mi'ooftuu bakkee hojiitti tolfamu, manneen bunaa, akkasumas mana gurgurtaa aayis-kiriimii dabalatu.
>
> **Manneen/bakkeewwan dhugaatii** – Dhimmoota iyyannoo kanaatiif, manneen dhugaatii, manneen uummati itti wal argu, manneen ragada

halkanii, manneen farsoo buufamee dhiyeeffamuu, manneen dhugaatiin itti qopheeffamu, manneen dhugaatii poomii, manneen daadhii wayinii nyaata ykn dhugaatiiwwa achumatti nyaatamanii dhugaman qopheessan dabalata.

Jiminaaziyeemiiwwan, manneen sochii qaamaa, fi galmawwan bashannana mana keessaa, taateewwanii, akkasumas manneen bohaaraa biroo kan abbootii qabeenyaa naannoo sanii ta'anii fi bu'aaf hojjetan, kan hojjettoonni isaanii 50 fi isaa gadi ta'anii fi Ajaja Hojii-raawwannaa Yeroo Hatattamaa Minnesota 20-99 Sadaasa 18, 2020 ba'een miidhaan irra ga'e:

> **Jiminaaziyeemiiwwan, manneen sochii qaamaa, fi galmawwan bashannana mana keessaa, taateewwanii fi manneen bohaaraa biroo** – Dhimmoota iyyannoo kanaatiif, jiminaaziyeemiiwwan, manneen sochii qaamaa, bashannana mana keessaa, ispoortii, wantootni yaabbatan, paarkiiwwan wantoota utaalcha irra taphatanii, maarshaal aartii, ragadaa fi istuudiyoo sochii qaamaa; galma taateewwanii fi bashannanaa, kanneen akka tiyaatiraa, siinimaa, galma koonsartiiwwanii, muuziyeemiiwwan, galma agarsiisa do'ii, istaadiyeemiiwwan, mana maashinii saantima itti naqanii taphatanii, bakkee tapha darboo baawuliingii dabalata.

Hojiin daldalaa tokko ulaagaa guutuudhaaf:

- 'Hennepin County' keessatti bakkee daldalaa (mana jireenyaa kan hinta'in) hinsochoone, dhaabbataa qabaachuu qaba.
- Barreessaa Kutaa Biyyaa Minnesota keessatti amanamummaa gibiraa ilaalchisee haala gaariirra kan jiru ta'uu qaba.
- Ulaagaa lakkoofsa hojjettootaa fi galii olaanaa olitti tuqamee guutuu qaba.
- Karoora Qophaa'ina COVID-19 hojiirra oolee fi hojjettoota raawwii isaatiif of kennan qabaachuu qaba.
- Yoo ni ilaallata ta'eef, gibira qabeenyaa kan kaffalaa jiru ta'uu qaba.

YAADACHIISA: Abbootiin hojii daldalaa hojii bakkee garaa garaa irraa qaban, tokkoon tokkoon hojiiwwan bakkee garaa garaa irraa qabaniif marsaa iyyannoo kana irraa badhaasawwan dabalataa yoo baay'ate sadii ga'aniif deeggarsa maallaqaa gaafachuu malu.

Hojiiwwan daldalaa ulaagaa hinguutne

- Hojiiwwan daldalaa mana keessatti adeemsifaman; konkolaataawwan nyaataa; warreen mana daldalaa dhaabbataa hinqabne; hojiiwwan alatti nama tajaajilanii fi galmawwan
- Dhaabbilee bu'aadhaaf hin hojjenne
- Kaampaniiwwan hidhata hedduu, kaampaniiwwan kutaawwan biyyaa hedduu keessaa
- Gurraandhala 29, 2020 dura haala dirqama isaa raawwachuu dadhabuu keessa kan ture
- Hojiiwwan daldalaa galii isaanii kam iyyuu bashannansiisa ga'eessotaa irraa argatan